BOQONNAA LAMA

2. **Maalummaa Karoora Afaanii (Language Planning)**

Afaan kamiyyuu adeemsa jijjiiramaa keessa jira. Jijjiiramni kunis gama caasaafi akkaataa itti fayyadama afaanii ilaallata. Namoonnii afaan kaayyoo addaa addaaf bifa adda addaan itti dhimma bahu. Dhimma kanaaf immoo filannoon hedduun waan jiraniif karoorri afaanii barbaachisaadha. Yeroo baay'ee karoorri afaanii akka fo'annaa mul'ataa filannoowwan hedduu keessaa fudhatamuutti ilaalama. Filannoon immoo karaan wanti tokko itti hojjetamuun danda'amu hedduu waan qabuuf kanneen keessaa isa warra kaan caalu fudhachuudha.

Karoorri afaanii adeemsa walqunnamtii keessatti rakkolee hawaasa tokkoo qunnaman furuuf dhamaatii yeroo dheeraafi itti fufiinsa qabuun itti yaadamee kan hojjetamuufi deeggarsa mootummaatiin faayidaa afaannii jijjiiruf taasifamuudha (Weinstein: 1980). Karoorri afaanii, afaan adda addaa tajaajila adda addaaf ramaduu yeroo ta`u, murtoo guddaafi qabeenya guddaa kan fudhachuu danda`uu dha. Akkasumas karoorri afaanii bifa adda addaafi bu'aa adda addaa niqaba. Kana malees, yaalii ta`e jedhamee afaan tokkoo yookiin bifoota isaa irratti jijjiirama adda addaa taasifamuudha. Karaa biraatiinis, karoorri afaanii qaama ijaarsa biyyooleessaa (nation building) ammayyaa ta`aa dhufeera. Kunis, biyyaafi afaan walfakkeessuuf yaalii guddaan taasifamaa waan jiruufi. Sabni kamiyyuu afaan ofii isaatiin fayyadamuu barbaada. Afaan karaa miirri sabboonummaa ittiin ibsamu ta`aas dhufeera.

Yaaliin kunis sadarkaa (status) afaanichi afaanoota biroo biratti qabu yookiin haala keessaa (internal situation) afaanichaafi haalicha jijjiiruu, yookiin immoo lachuu irratti xiyyeefachuu nidanda`a. Xiyyeffannaan inni duraa karoora sadarkaa (status planning), inni lammaffaan (corpus planning) jedhama. 'Status planning' tajaajila afaan tokkoo yookiin bifa afaanichaa akkasumas mirga kanneen afaanicha dubbatanii nijijjiira. Fakeenyaaf, yeroo uummanni tokko tasa afaan isaaniin daa`imman isaanii akka hinbarsiifanne dhorkaman, afaanichi sun sadaarkaan /bakki isaa gadi bu`a. Gama biraatiin immoo yeroo motummaan afaan duraan hojiif hin'oolle tokko akka afaan hojii ta`u taasiisu, afaanichi beekkamtii argate sun sadarkaan isaa nifoyya`a. Kanaaf sadarkaan

afaan tokkoo olka`uu yookiin gadbu`uu nidanda`a. Yeroo baay`ee jijjiiramni sadarkaa afaanii suuta rawwatama; yeroo tokko tokko immoo mormiin isa qunnama; .miira cimaas uummata keessatti ni'uuma. Jijiiramni afaanii xiqqoonillee miira adda addaa soboota irratti hedduu uumee darba.

Walumaagalatti, afaanonni biyya tokko keessatti sadarkaalee adda adda qabaachuu nidanda'u. Afaan tokko sadarkaa naannoo qofarratti fudhatama qabaachuu nidanda'a. Afaan tokko bakka /sadarkaa fooyya'aan kennamuufi (promoted language) nidanda'a. Kunis, sadarkaa beekkamtii kan hinqabaanne yoo ta'anillee, faayidaalee murtaa'oof akka oolan ni taasifamu. 'Tolareted language' immoo afaan bakka /sadarkaa fooyya'aa kan hin kennamneef akkasumas kan hindaangeffamneedha. Xumura irrattis, afaan daanggeffame yookiin dadhabsiifame (limited langauge) afaan itti fayyadamni isaa seeraan dhorkameefi itti fayyadamuun kan nama adabsiisuudha.

'Corpus planning'- karoorri afaanii kun immoo bifa afaan tokko yookiin afaanicha guddisuu barbaada. Kunneen keessa walteessuun isa tokko yoo ta`u, afaanichi hawaasa keessatti tajaajila afaanii hundumaa laachuu akka danda`u taasisuudha. Corpus planning seera barreeffamaa (orthography) qopheessuu, jechoota haaraa uumuu, guuboo jechoota qopheessuu, afaan ogbarruu taasiisuufi tajaajila haaraa kanneen akka afaan barnootaa, afaan siyaasaa, afaan hojiifi diinagdee taasiisuu of keessatti niqabata. Koroorrii afaanii lamaan kun walduukaa argamuu nidanda`u. Sababnisaas murtoon karooraa baay`een jijjiirama sadarkaa afaaniifi haala keessaa walitti makee waan qabuuf. Guddinni afaan tokkoo guddina afaanoota biroo irrattis dhiibbaa qabaachuu nidanda`a. Dhiibbaan akkasii kun garuu ifatti mul'achuu dhiisuu nidanda`a.

2.1 Barbaachisummaa Karoora Afaanii

Imaammanniifi karrorri afaanii kan dhufu fedhii hawaasummaafi siyaasaa deebisuuf. Fakkeenyaaf: bakka gartuun afaanii waldorgomaa jiran keessatti karoorri afaanii barbaachisaadha.

Kanaafuu, karoorri afaanii kaayyolee armaan gadii akka qabu qo'attoonni afaanii eeraniiru.

a. **Qulqullina Afaanii Eeguu** (Language purification): afaan qulqulleessuuf dhiibbaa afaanota ormaa irraa ittisuufi afaanuma tokko keessatti garaagarummaan akka hin babal'anne taasisuuf karoora afaanii taasifamudha.

b. **Daddammaqina Afaanii** (Language revival): afaan yeroo tokko hawwaasa isaa tajaajilaa turee booda hawwaasicha tajaajiluu hindandeenye tokko deebisanii afaan waliigaltee yookiin walqunnamtii taasisuuf karoora afaanii taasifamudha.

c. **Haaromsa Afaanii** (Language reform): itti yaadamee dhimmoota afaanii murtaa'oo fakeenyaaf sirna barreeffamaa, qubee yookiin caasaa irratti faayidaa afaanichaa fooyyeessuuf jijjiirama taasisuu karoora afaanii taasifamudha.

d. **Waaltina Afaanii** (Language standardization): afaan yookiin loqoda afaanichaa uummata afaanicha dubbatan hundumaa biratti fudhatama qabu uumuuf karoora afaanii taasifamudha.

e. **Tamsaasina Afaanii** (Language Spread): yaalii afaan biroo dadhabsiisuufi lakkoofsa namoota afaan tokko dubbatan akka dabalu taasisuuf karoora afaanii taasifamudha.

f. **Jechoota Ammayyeessuu** (Lexical modernization): jechoota uumuu yookiin afaan biroo irraa ofiitti madaqsuuf yaadamee karoora afaanii taasifamudha.

g. **Jechoota Walfakkeessuu** (Terminology unification): loqodoota afaan tokkoo keessatti garaagarummaa fayyadama terminoloojii hambisuuf keessumattu jechoota teekinikaa warra ta'an tokko taasisuuf yaadamee karoora afaanii taasifamudha.

h. **Akkaataa Fayyadama Afaanii Salphisuu** (Stylistic simplification): itti fayyadama jechootaa, caasaafi akkaataa dubbii salphaa taasisuuf yaadamee karoora afaanii taasifamudha.

i. **Walqunnamtii Afaanotaa** (inter-language communication): miseensota uummattoota afaan adda addaa dubbatan gidduutti waliigaltee afaanii salphisuuf karoora gaggeeffamuudha

j. **Afaan Eeganii Tursuu** (Language maintenance): dhiibba adda addaa bakka (position) afaanichaa gadi qabuuf sababa ta'aa jiran keessatti afaanicha afaan dhaloota lammiilee ta'ee akka itti fufu eeguufi yaadamee karoora afaanii gaggeeffamudha.

2.2 Karoora Afaanii Eenyuuniifi Akkamitti Hojjetama?

a. Karoora Afaanii Eenyutu Hojjeta?

Deebiin gaaffii 'Eenyutu afaan karoorsa? jedhuuf kennamu nama ajaa'ibsiisu nidanda'a. Deebiin isaa nama kamiyyuu kan jedhu ta'uu ni danda'a. Sababni isaas, qaamoleeniifi namoonni adda addaa karooraafi waaltina afaanii irrtti dhiibbaa qabu. Qaamolee karoora afaanii qopheessuu irratti dhiibbaa geessisuu danda'an keessa kanneen gurguddoo ta'an armaan gaditti dhiyaataniiru. Karoorri afaanii dhimma afaan (afaanota) bulchiinsaa (administrative) filachuufi dagaagsuu waliin waan walqabatuuf sadarkaa sochii mootummaatti raawwatama. Mootummoonni murtoowwan afaanii irratti dhiibbaa gurguddoo geessisuu danda'an hedduu dabarsuu danda'u. Meeshaalee mootummoonni karoora afaanii hojii irra oolchuuf itti fayyadaman keessaa inni guddaan sirna barnootaati.

Afaan tokko afaan biyyoolessaa ta'ee yoo filame, mootummaan afaanichi akka gosa barnoota tokkootti daa'imman mana barnootaa seenan hundumaaf akka kennamu ajajuu nidanda'a. Kanarra darbee, afaan baruufii barsiisuu gosa barnoota hundumaa gochuullee nidanda'a. Kana caalaas daa'imman mana barnootaa keessatti afaan hin'eyyamamneef akka hindubbanne dhorkamuu nidanda'u. Afaanota akkasi kana dubbachuun adabbii qaamaa qabachuus nidanda'a. Adabbiin akkasii jechoota hinfilatamne yookiin luga hin'eeyyamanees ni'ittisa.

Mootummoonni dandeettii afaan biyyoolessaa ta'ee filatamee qabaachuu ulaagaa hojiif qacaramuus godhe itti fayyadamu nidanda'a. Afaan mootummaan seera baasuuf itti fayyadmuufi afaan seerotni kunneen ittiin barreefaman akkasumas ragaaleen mootummaa ittiin raabsuun afaan filatame sana guddisuu keessatti ga'ee guddaa qaba. Kana malees afaan raayyaa waraanaa, barreeffamaa, maxxansaa, miidiyaafi tamsaasaa karaa mootummaan afaan filatame tokko ittin guddisuu danda'u keesaa kanneen muraasa.

Haat'u malee, murtoowwan mootummoonni afaan irratti dabarsan hundumti fiixan ba'umsa qaba jechuu miti.

Dhiibbaa itti fayyadama yookiin guddina afaanii fiduuf hirmannaan namoota dhuunfaa, gareewwanii yookiin dhaabbilee barbaachisaadha. Dhaabbileen amantaas karooraafi itti fayyadama afaanii irratti dhiibbaa mataa isaanii niqabaatu. Biyyootni tokko tokko akkaadaamii afaanii bakka itti beektonni haala itti fayyadama afaanii irratti murtoo kennan qabu. Namoonni dhuunfaa guuboo jechoota afaanichaa qopheessanis itti fayyadama afaan tokko irratti dhiibbaa nigeessisu. Namoonni caffata amantii afaan biraa irraa gara afaanichaatti hiikanis waaltina afaanichaa irrtatti dhiibbaa cimaa qabu. Ergamoonni amantii sagantaa barumsa bu'uuraa uummata afaan barreeffamaa hinqabne keessatti gaggeessanis haala itti afaanichi fuula duratti barreefamuufi luga isa kamtu hojii irra ooluuf jiru murteessuu nidanda'u. Dhaabbilee mootummaafi mitimootummaa biyyoolessaafi biyya alaa, barreessitootaafi maxxansiistoonnis itti fayyadama afaan tokkoo jajjabeessuu yookiin gufachiisuu nidanda'u.

Ergamoonni karoora afaanii kanneen biroon (kanneen mootummaa hintaane) akka mootummaa karaa itti adeemsicha murteessan hedduu hinqaban. Waldaaleen ogummaa (professional societies) jechoota faayidaa irra ooluu danda'an murteessuu nidanda'u; miseensota isaaniis kanneen filataman qofa akka fayydaman gochuu nidanda'u. Barreessitoonni caasaafi itti fayyadama afaanii qajeelfama ittiin fayyadama afaanii irratti dhiibbaa qabu baasuu nidanda'u. Daldalaafi dhaabbileen daldalaa karaa humna namaa isaaniifi leenjii muuxannootiin afaan irratti dhiibbaa qabu. Dhaabiileen afaan saboota biyya tokko keessatti lammummaa guutuu hinqabne akka hinbadne eeguuf yaalan filannoowwan hedduu qaban keessaa: barnoota galgalaa qopheessuufi qophiilee aadaa adda addaa afaan saboota sanaan dhiyeessuun isaan muraasa. Gama siyaasatiinis mootuummaa biyya keessa jiraatan irratti afaan isaanii akka deeggaruuf dhiibbaa gochuu nidanda'u. Namoonni dhuunfaa afaan muraasaatiin walaaloo, asoosama, baacoofi sheekoo barreesuufi fiilmii hojjechuutiin dhiibbaa gochuu nidanda'u. Tooftaan kun yoo artistoonni beekamootiin hordofama ta'e fiixaan ba'umsa qaba.

Qaamoleen armaan olitti eeraman kanneen karoora afaanii irratti dhiibbaa geessisuu danda'an yoo ta'an, karooricha qopheessu keessatti kan hirmaatan garuu armaan gaditti

ibsamniiru. Karoorri afaanii jalqabumarraa rakkoolee hawaasummaafi siyaasaa (sociopolitical) hiikuuf waan ta'eef, qo'attoonni hawaasaa (sociologists) yookiin qo'attoonni siyaasaa (political scientists) barbaarchisummaa karoora afaanii eeruu qabu. Afaan yookiin lugni filatame kun rakkoolee jiran hiikuu danda'uu isaaniifi dhiisuu isaanii agarsiisuuf qo'attoonni afaanii (linguists) sadarkaa barbaachisummaa karoorichaa eeruu irratti hirmaachuu qabu. Qo'attoonni kun (lingusts) haala itti afaan filatame sun waalteffamuu danda'u irratti akkasumas jechoota babal'isuu irratti yaada kennuu yookiin deeggaruu nidanda'u. Barsiisonni seera karoora afaanii tumuu keessatti tarkaanfii fudhachhufi sagantaalee qopheessuun fiixaan ba'umsa barbaachisummaa qo'ataman keessatti nitumsu. Barreessitoonnis afaanota badaa jiran yookiin afaanota kanaan dura barreeffamaaf hin'oolleen barreessuun akkasumas ragaalee mootummaa afaanota kanaan qopheessuun hirmaannaa nitaasisu. Akkaadaamiin afaanii biyyoolessaas adeemsa sadarkaalee karoora afaanii hedduu keessatti shoora ba'uu nidanda'u.

b. **Karoorri Afaanii Akkamitti Hojjetama?**

Gaaffiin 'Karoorri afaanii akkamitti hojjetama?' jedhu sadarkaalee karooraafi raawwii adeemsa karooraa isa guddaadha. Rubin (1971) sadarkaalee adeemsa karoora afaanii afur addaan baaseera:

1. Ragaalee qabatamoo argachuu (fact-finding): murtoon karoora afaanii kamiyyuu dabarsuun dura odeeffannoo seenduubee (background) gahaa qabaachuun barbaachisaadha.

2. Karoorsuu (Planning): asitti murtoon nikennama; karoorsitonni galmaafi tarsiimoo bu'uuressu akkasumas bu'aan isaa maal akka ta'uu danda'u ni tilmaamu.

3. Raawwii (Implementation): murtoowwan karoorichaa hojiiirraa oolu.

4. Yaada kennu (Feedback): sadarkaa kanatti karooristoonni karoorichi hammam akka hojii irra oole ilaalu.

2.3 Dhimmoota Karoora Afaanii Daangessan /Factors Affecting Language Planning/

a. Qaaccessa Baasiifi Bu'aa (Cost benefit Analysis)

Dhimmoota karoora afaanii daangessan keessaa inni tokko baasiifi bu'aa ilaalcha keessa galchuu waliin walqabata. Akka qajeelfama baasiifi bu'aatti, karoorri gaariin bu'aa hawaasni argatuufi baasii inni baasu walsimsiisudha. Thorburn (1971) qaaccessa baasiifi bu'aa karoora afaanii keessatti yoo ibsu "yaalii karoora afaanii keessatti garaagarummaa dhiibbaalee sirriitti beekaman lama keessaa tokko filachuuf beeksisuu jechuudha jedha. Yaadnrimee qaaccessa bu'aafi baasii qo'annoo dinagdee (economics) irraa kan fudhatame yoo ta'ellee, karoora afaanii keessatti maallaqa waliin walitti dhufeenya hinqabu. Sababni isaas, xiyyeeffannoon qaaccessa bu'aafi baasii dhimma hawaasummaa karooraa afaanii waliin walqabatanidha.

b. Rakkoolee Ragaalee Qabatamoo Dhabuu

Karoora afaanii keessatti rakkooleen odeeffannoo yookiin ragaalee sirrii ta'an argachuun waliin kan walqabatan jiru. Murtoo karoora afaanii dabarsuuf immoo ragaalee qabatamaa ta'an argachuun barbaachissaadha. Waldhabdeen /qaawwi yaada murtoo karooraa dabarsuuf ragaa gaariin barbaachisaadha jedhuufi bifoonni odeeffannoo argaman hanga kanatti amansiisaa ta'uu dhiisuun haalleen ragaaleen kun itti sassaabaman waliin walqabata. Fakkeenyaaf, namoota odeeffannoo lakkoofsa uummataa (census) walitti qaban eenyutu afaan isa kam yoom eessatti kaayyoo maaliif itti fayyadama jedhu addaan baasanii baruun isaan nirakkisa.

Dhimmichi deebistoonni gaaffiilee gaafatamaniif deebii sirrii dhabuu irraa kan ka'e walxaxaa ta'ee mul'ata. Akka gaaffiileen kun itti gaafatamanis deebii kennamuu danda'u irratti dhiibbaa fidu. Afaan dhalootaa kee maali? Afaan ati jalqaba irratti baratte maali? Afaanota isaan kam dubbata? Manatti afaan isa kam dubbatta? Afaan kam sirriitti dubbatta? Afaan 'X' yookiin 'Y' dubbachuu dandeessaa? Gaaffileen kuniifi deebiin isaanii fedhii siyaasaa of keessatti qabachuu danda'u. Deebiin adda addaa immoo gaaffii tokkof hiika adda addaa akka kennamu nitaasisa. Haala yeroo ragaan sun sassabamu irratti hundaa'uun namoonni gaaffilee gaafatamaniif deebii sirrii keennuu dhiisuus nidanda'u. Fakkeenyaaf, haala irratti hundaa'uun afaan dubbachuu hin dandeenye akka

danda'aniitti kan danda'an immoo akka hin dandeenyeetti raga kennuu nidanda'u. Kanaaf, ragaalee lakkoofsa uummataa irraa argaman of eeggannootiin qaacceesuun barbaachisaadha.

2.4 Akaakuuwwan Karoora Afaanii (Types Of Language Planning)

2.4.1. Akaakuuwwan Karoora Afaanii Gurguddoo

Karoorri afaanii akkaataa beektonni garagaraa qoodanitti akaakuuwwa hedduu kan qabaachuu danda'u yoo ta'u isaan gurguddoo ta'an garuu kannee armaan gaditti argaman lameeni. Isaaniis: 1. Karoora sadarkaa afaanii (Status Planning)fi Karoora korpasii (Corpus Planning)

1. **Karoora Sadarkaa Afaanii**

Karoorri sadarkaa yeroo takka takkaa karoora hawwaasummaa yookaan karoora alaa jedhamee beekama. Kaayyoon gosa karoora kanaa inni bu'uuraa afaanota biyya tokko keessatti argaman tajaajila adda addaa bakka adda addaatti akka qabaatan ta'anii kan qophaa'an akka ta'anidha. Karoorri sadarkaa tajaajila afaan tokkoo yookiin bifa afaanichaa akkasumas mirga kanneen afaanicha dubbatanii nijijjiira.

Fakeenyaaf, yeroo uummanni tokkoo tasa afaan isaaniin daa`imman isaanii akka hinbarsiifanne dhorkaman, afaanichi sun sadaarkaan /bakki isaa gadii bu`a. Gama biraatiin immoo yeroo motummaan afaan duraan hojiif hin oolle tokko akka afaan hojii ta`u taasiisu, afaanichi beekkamtii argate sun sadarkaan isaa ni foyya`a. Kanaaf sadarkaan afaan tokkoo olka`uu yookiin gadbu`uu ni danda`a. Yeeroo bay`ee jijjiiramni sadarkaa afaanii suuta rawwatama; yeroo tokko tokko immoo mormiin isa qunnam; .miira cimaas uumee uummata keessatti ni uuma. Jijiiramni afaanii xiqqoonillee miira adda addaa soboota irratti heddu uumee darba.

Karoorri sadarkaa akka qaama siyaasa biyya tokkootti qo'annoofi qorannoo ogeeyyotaan akkasumas, gorsaafi hirmaannaa ogummaa ogeeyyota xiinqoqa hawwaasummaafi barsiisotaan kan qophaa'udha. Keessumaa, xiyyeeffannaan karoora sadarkaa inni guddaan afaan /afaanota hojii (official language) biyya tokkoo, afaan /afaanota barnootaa, afaan daldala biyyattii, afaan aadaa, sab-quunnamtii, amantaafi tajaajila hawwaasummaf

oolan biroos adda baasee filachuun agarsiisuudha. Tajaajjili afaan/afaanota kanaas bakka tokko tokkootti heera mootummaa biyya sanaan beekkamtiin kennameefii qophaa'a.

Akka hayyuun afaanii beekamaan Bomgbose (1971:25) jedhutti, karoorri sadarkaa afaanii bifa sadi qaba. Isaanis, afaan hojii (official languages), kan barnootaafi (educational languages), kan waliigalaa (general languages) jedhee qooda. Karoora afaan hojii adda baasuu keessatti afaan isa/warra kamtu hojii waajjiraalee mootummaa keessatti tajaajila kennuu akka qabu wixinu yoo ta'u karoora sadarkaa barnootaa keessattimmoo afaan isa/warra kamtu gulantaa barnootaa isa kam keessatti tajaajila akka kennu kan wixinnudha.

Inni xumuraa, karoora sadarkaa waliigalaa yoo ta'u karoora afaan/afaanota kamtu hojiiwwan daldalaa biyya tokkoof, tajaajila sab-quunnamtiifi, namoota biyya alaa wajjin walquunnamuuf akka oolan kan murteessudha. Karoora sadarkaa afaanii keessatti, baay'inni qaama hawwaasaa afaan akka keessatti tajaajila kennuuf filatamuu, caalee mul'achuu sadarkaa afaanichaaf sababa isa duraati. Qaamoleen hawwaasaa filatamaanii kunneennis: mootummaa, 'paarlaamaa', mana murtii, caasaa bulchiinsa mootummaa, barnoota, daldala, sab-quunnamtii fa'i.

Afaan karoorsuu keessatti, sadarkaa afaanotaa murteessuuf dhimmoonni yookaan ulaagaaleen dursa guutamuu qaban nijiru. Ulaagaalee barbaachisan keessaa bakki guddaan kan kennamuuf sadarkaa waaltina afaan sanaati. Waaltina afaan tokkoo wajjin haala walqabateenis dhimmoota xiyyeeffannaa argachuu qaban keessaas qabxiiwwan armaan gadii baay'ee murteessaadha.

- Afaanichi sadarkaa barreeffamaaf ooluu danda'uu
- Seera barreessuu waaltinaa'e qabaachuu
- Seerluga wabeeffamuu danda'u qabaachuu
- Galmee jechootaa afaanichaan qophaa'e qabaachuu
- Afaanichaan barreeffamee kan dubbifamuuf oole ga'aa ta'uu
- Qajeelfamoonni leenjii barsiisotaaf gargaaran ga'aa ta'uu fa'i.

Keessumaa afaan waaltinaa'eefi waaltinaa'aa jiru keessatti jechoonni ga'aa ta'an jiraachuuniifi yeroodhaa gara yerootti jechoonni haaraan sababa guddina qaroominaan uumaman gara afaanichaatti dabalamaa deemuun murteessaadha. Haata'umalee, jechoonni haaraan gara afaan kanaatti dabalamaa deeman kun haala to'annaa qabuun ta'uu akka malu beekttonni nigorsu. Sababiin isaas, yaanni rimeen meeshaa/ wanta uumame tokko bakka bu'u gaafa argamu jechi yaada rimee sana bakka bu'u dubbattoota afaanichaa hunda biratti haala walfakkaatuun beekamee waaltinni afaanichaa eegamuu waan qabuufi.

2. Karoora Afaanii Korpasii

Akka Bomgbose (1991:110) jedhutti, gosti karoora afaanii inni lammaffaan karoora korpasii jedhamee beekama. Gosti karoora kanaa yeroo tokko tokkoo karoora xiinqoqaa yookaan karooraa keessaa jedhamee beekama. Sababa inni karoora keessaa jedhameefiis, karoorichi sadarkaa afaanichi gama tajaajilarra ooluu qabuun otuu hinxiinxaliin dandeettii afaanichaa gabbisuuf qofa ijaarsa keessa afaanichaa irratti kan bu'uureffatu waan ta'eefi. Gochaalee karoora korpasii keessatti raawwatamuu qaban heddu keessaa:

- Seera qubeessuu kan waliigalaa afaanichaaf qopheessanii hojiirra oolchuu
- Seera caasaa afaanichaa erga qo'atanii adda baasanii booda murteessuu yookaan jijjiiruu
- Jechoota afaanichaa gabbisuufi hammayyeessuu
- Galmee jechootaa afaanicha qofaan (mono-lingual dictionary) yookaan afaan biraa wajjin walcinaatti (bilingual dictionary) barreessuun qopheessuu
- Qubee (script) afaanichi otuu ittiin barreeffamee filatamaa ta'u qopheessanii dhiheessuudha.
- Akkaataa barreeffama afaan tokkoo jijjiiruu yookaan fooyyessuu
- Walineessuu uunkaalee qubeewwan yookaan jechoota loogaa afaan tokkoo.
- Sagaleessuu jechootaa murteessuu
- Jechootaafi 'tarminoloojii' afaanii babal'isuu
- Hojiiwwan garagaraa gara afaanichaatti jijjiiranii barreessuu

Akka waliigalaatti odeeffannoowwan asiin olitti kennamanirra wanti hubachuu dandeenyu, afaan tokko karoora sadarkaa keessatti bakka olaanaa argatee akka karoorfamuu wantoota brbaachisan keessaa afaan karoorri korpasii hojjetamee ta'ee dhihaachuu isaati. Kanaafuu walitti dhufeenyi karoora sadarkaafi karoora korpasii afaan tokkoo haala kanaan mul'achuu dand'a jechuudha.

Karoora sadarkaafi karoora korpasiitti dabalee karoorri afaanii beektota baay'ee biratti beekkamaa ta'e karoora afaan akka baratamu gochuu (aquisition planning) ti. Xiyyeeffannaan Karoorra 'akkuzishinii' inni guddaan hawwaasni gartuu afaanii tokko afaan afaan dhalootaa isaa hintaane tokko akka baratuuf fayidaalee garagaraa beekumsa afaanichaatti qabsiisiin akka inni baratu taasisuudha. Gartuun hawwaasa afaanii sunis faayidaa afaanicha beekuu wajjin walqabate sana argachuuf jecha afaanicha barata jechuudha. Karoorri 'Akkuzishinii' akka karoora afaanii akaakuu guddaatti waan hinilaalamneef bakka kanatti bal'inaan waan hindhiyaaneef ati ofiikee carraa itti bal'inaan hubachuu dandeessu akka mijeeffatu ni gorfamta.

2.5 Ilaalcha Yookaan 'Ayidoloojii' Afaanii (Language Ideology)

1. Yaadarimee Ilaalcha Afaanii (The Concept Of Language Ideology)

Mata duree kana keessattimmoo 'Aidoloojiin afaanii maal akka ta'eefi hariiroon inni karoora afaanii wajjin qabu maal akka fakkaatu nibarata. Kanaaf, yaadrimeen ayidoloojii afaanii dhimma karoora afaanii keessatti akka galmaatti qabatamee karoorichi raawwatamuudha. Walumaagalatti mata dureen kun wa'ee dhimmoota karoora afaaniif akka galmaatti ilaalamuu danda'an ibsuu yaala.

3. Maalummaa Ilaalcha Afaanii (Definition Of Language Ideology)

Akka beektonni hwwaasummaa afaanii lama, Woolarfi Schieffelin (1994: 57) jedhaman lafa kaa'anitti, ayidoloojii afaanii jechuun maal jechuu akka ta'e akka armaan gadiitti taa'eera.

Linguistic/language ideologies have been defined as "sets of beliefs about language articulated by users as a rationalization or justification of perceived language structure and use"; with a greater social emphasis "self-evident ideas and objectives a group holds

concerning roles of language in the social experiences of members as they contribute to the expression of the group" and "the cultural system of ideas about social and linguistic relationships, together with their loading of moral and political interests"; and most broadly as "shared bodies of common sense notions about the nature of language in the world". Some of the differences among these definitions come from debates about the concept of ideology itself. (http://www.annualreviews.org/aronline)

Ilaalchi afaanii, akka ibsa asiin oliitti kennametti, gama adda addaatiin ibsamuu danda'a. Kanneen keessaas, gama dubbattoota afaanichaan isa jiru yoo ta'u, hiikni kennamuufiis, amantii dubbattoonni afaanichaa waa'ee afaan isaaniirratti akka ragaatti dhiheessan yoo ta'u gama hawwaasummaanis fayidaalee isaan afaan isaanii wajjin walqabsiisantu akka Ayidoloojii afaaniitti fudhatama. Gama biraanimmoo, ayidoloojiin afaanii waan afaan tokko ta'e akkasi jedhanii himuufi amanuurra darbanii waan afaanichi fuulduratti ta'uu qabu murteessuullee of keessatti qabata. Kanaaf, afaan tokko sadarkaa inni itti argamurraa gara sadarkaa biraatti haala saganteeffameen naannessuuf wanti barbaachisu karoora afaanii saayinsaawaa ta'e yoo ta'u karrooricha taasisuufimmoo wanti akka bu'uuratti barbaachisaa ta'e Ayidoloojii afaanicharratti jirudha.

Karoorri afaanii ayidoloojii afaanii kan geeddarumsa yookaan fooyya'iinsa afaaniif sababa ta'uu danda'an afurirraa ka'uu akka danda'u namichi 'cobarrubias' (1983: 63-66) lafa kaa'eera. Ayidoloojiin afaanii kuneennis, danoomina afaanii, luuccessa afaanii, aantummaa afaaniifi addunyummaa afaanii jedhamu.

1. **Danoomina Afaanii (Language Pluralism)**

Ilaalchi danoomina afaanii kan amanu, walii wajjin jiraachuu gartuu afaanii adda addaafi mirgi isaan afaan isaanii kunuunsuufi kulkuluuf qaban loogii tokko malee kabajamee akka mul'atu kan taasisudha. Kunis kan hojiirra ooluu danda'u karaa heddu yoo ta'u kan beekamoo ta'an keessaa imaammata eenyumtuu bakka fedhetti afaan fedhe haasa'uu danda'u qabaachuu, imaammata afaan naannoo haasa'amutti beekkamtii argachuu qaba jedhu, akkasumas, imaammata asiin olitti kaafne lameen walitti qabatudha.

Fakkeenyaaf: biyya Beeljiyeem keessatti, akka namichi Wardaaf (1992:348) jedhamu jedhutti, Afaan Faransaayii gama kibba biyyattiitti, afaan Filemish (afaan warra 'dutch'

Beljiyeem keessa jiranii) gama kaabaan, afaan Jarmanii gama bahaatiinfi magaalaa guddoo biyyattii 'Birasels' keessattimmoo afaan Faransaayiifi Filemish akka beekkamtii argatanii jiraattonni biyyattii itti gargaaraman tasifaman.

Imaammanni danoomina afaanii hordofu kun waliiwajjin jiraachuu afaanota hedduu karaa demokiraatawaa ta'een haa fudhatuyyuu malee dadhabbina mataa isaa ta'e niqabaata. Fakkeenyaaf: biyyi Kanaadaa, imaammata afaanii kan mirga nama hundaa eeguufi kan kutaa biyyattii garagaraatti beekkamtii qabu qabdi.Haaluma kanaan, akka chaarteriifi mirgi afaan hojii Kanaadaa bara 1969 fi 1988 bahe jedhutti, afaanonni Ingiliziifi Faransaayii afaanota hojii biyyattii waan ta'aniif dubbattoonni afaan kanneenii loogii tokko malee tajaajila uummataa kamiiyyuu sadarkaa waajjiraalee mootummaa hundatti argachuu qabu jedha.

Haata'u malee, gama dhiha biyyattii kan jiraatan dubbattoonni afaan Farnsaayii baay'inaan kan isaan caalan dubbattoota afaan Ingiliziitiin liqinfamaa akka jiran himama. Kunis dhiibbaa afaan Faransaayii haasa'uun isaanii isaanirraan ga'u jalaa bahanii tajaajila argachuu qaban argachuu akka danda'aniif afaan isaanii dhiisuun akka isaanitti jiru amanuu isaaniirraa madda. Kutaa biyyattii keessaa Niw Biruniswiki naannoo jedhamuttimmoo baay'inni dubbattoota afaan Faransaayii %34.5 (akka lakkoofsa bara 1991 ta'eetti) haata'aniyyuu malee mirga afaan isaaniin tajaajilamuu kabachiifachuu hindandeenye. Kutaa bulchiinsa Kiyibekii jedhamummoo yoo ilaalle, baay'inni dubbattoota afaan Faransaayii %82.5 (raga 1991) yoo ta'an naannoo jiraatan sanatti akka gartuu afaanii xiqqaatti waan ofilaalaniif qooda afaaniifii aadaa isaanii egereef soda guddaa akka qaban nihimama.

2. **Luuccessa Afaaniifi Sabboonummaa** (Linguistic Assimilation and Nationalism)

Akka beekaan Cobarrubias (1983:63-64) jedhamu ibsetti, naashinaliziimiin afaanonni biyya tokko keessatti argaman hundumtuu gara afaan tokko qofa ta'uutti luucca'anii dubbattoonni afaan garagaraa biyyittii keessatti argamanis gara afaan isa olaantummaa qabu dubbachuutti akka naanna'an kan taasisuudha. Ayidoloojiin kunis, afaan olaantummaa argate sun kabaja maraa akka fudhatuufi kophaa isaa bahee mul'achuun afaan biyyattii isa tokkicha ta'ee akka ilaalamu qooda qabaata.

Ilaalchi luuccessa afaanii kun imaammata isaa hanga fiixeetti cimsee deemnaan gartuun afaanii warri xixiqqaa jedhaman sun mirgi jiraachuu afaan isaanii bakka tokko tokkotti kan hacuucamuufi ukkamsamu yoo ta'u bakka biraattimmoo mirgi jiraachuu isaa sirumaa kan molqamu ta'uun beekamaadha. Fakkeenyaaf: jaarraa kudha saddeettaffaa keessa biyya Faransaayii keessatti mootummaan luuccessa afaanii labsiin beeksisee ture. Haaluma kanaan, barnoonni marsaa jalqabaa afaan Faransaayii isa waaltinaa'en malee akka hinkennamne dhorkame. Akkasumas, afaan Faransaayi inni waaltinaa'e afaan isa tokkicha biyya Faransaayii ta'ee labsamuun afaanota biyyittii keessatti argaman mara tajaajila ala taasise ture.

Biyyi Sooviyeet Yuuniyeeni jedhamaa turtes fakkeenya Ayidoloojii kana jalatti eeramuu dandeessudha. Haaluma kanaan, afaan Raashiyaa biyyittii mara keessatti akka afaan lammaaffaatti akka baratamuufi afaan barnootaa isa tokkicha akka ta'e labsuudhaan mirkanaa'ee ture. Kunis, afaan Raashiyaa dubbachuu kan hindandeenye lammiin biyyitti marti gara afaanicha qofa barachuufi afaan dhalootaa isaanii dagachuutti deeman godhee ture.

Haala, qabatama biyya keenyaas yoo ilaalle, mootummaan Haayile Sillaassee bara mootummaa isaa keessa imaammata afaanii hordofaa tureen afaan Amaaraa afaan hojii, barnootaafi afaan tokkicha biyyittii keessatti beekkamtii qabu akka ta'e labsii seeraan mirkaneessee sosso'aa akka ture beekamaadha.

3. Addunyummaa Afaanii (Language Internationalism)

Akka 'Cobarrubias' (1983:66) jedhutti, addunyummaan afaanii ayidoloojii afaan afaan dhalootaa hintaane garuu bal'inaan dubbatamu tokko biyya tokko keessatti akka afaan hojii biyya sanaatti fudhatamee itti gargaaramuun barbaachisaadha kan jedhudha. Imaammanni akkasii kun kan maddu ilaalcha 'afaan sadarkaa addunyaatti beekame tokko akka afaan hojii biyya ofiitti gargaaramuun gama aadaa, hawwaasummaa, dinagdeefi siyaasa biyyoota biroo wajjin salphaatti walbaruufi qaroomina saayinsiifi teknoloojii waljjijjiiruutiin fayidaa guddaa qaba' jedhurraati.

Itti dabalees, biyya afaan heddu keessatti dubbatamutti afaan bal'inaan dubbatamu kun gama rakkina waliigaltee hiikuufi waldorgommii afaanota dhalata biyya sanaa jidduutti

jiru hambisuutiin fayidaan isaa guddaadha. Dhimmi haalamuun hindanda'amne tokko, afaan sadarkaa addunyaatti tajaajila kennuu danda'u akka afaan hojii biyya ofiitti fudhachuun gama hammayyummaa warra dhihaa argachuutiifi hirmaannaa daldalaafi teknoloojii biyyoota adda addaa guddisuutiin ga'ee olaanaa kan qabu ta'uu isaati.

Haata'u malee, gama afaanota biyya keessaa ukkaamsuufi hacuucuutiin eenyummaa sabni tokko karaa afaan dhalootaasaa dubbachuun qabu irraa molquun gaheen isaa baay'ee guddaa qaba. Fakkeenyaaf, biyya Madagaaskaar keessatti lammiilee biyyiittii keessaa %1 qofaatu afaan Faransaayiin waliigaluu danda'a. Afaanichi garuu afaan hojii mootummaa (official language) biyyittii waan ta'eef tajaajila gamasiin jiru argachuuf afaan sana beekuun walnama hingaafachiisu. Haata'u malee jiraattonni biyyittii garri caalaan afaan sana waan hinbeekneef kabajaafi fayidaa hanga kana jedhamuu hindandeenye biyyattii keessatti kan qabu warra afaan Faransaayii beekan (elite group) qofa. Dhimmi fedhii hawwaasummaafi dinagdee biyya tokkoo fedhii eenyummaa gartuun afaanii biyya tokkoo barbaadu wajjin hagam akka walmormu danda'u dhugaa kanarraa hubachuun ni danda'ama.

4. **Vernakularayizeeshinii (Vernacularization)**

Vernaakularayizeeshiniin amantaa afaan bakka yookaan biyya dhalate keessatti sadarkaa hammayyummaa akka qabaatuufi afaan hojii biyya sanaa ta'ee tajaajjiluu qaba jedhurraa kan maddu yoo ta'u bakka tokko tokkotti afaan afaan dhalootaa hintaane garuu bal'inaan dubbatamu afaan dhalootaa wajjin ni giddifama.

Gama biraatiinimmoo, Vernaakularayizeeshiniin yeroo tokko tokkommoo afaanota biyya keessaa ta'anii yeroo darbe tokko tajaajilaa turanii har'a garuu tajaajilarra hijjirre deebisanii bifa haaraan hojiirra akka oolan taasisuudha. Fakkeenyaaf: afaan 'classical Arabic' jedhamu biyya Aljeeriyaafi Tuniiziyaa keessatti afaan hojii biyyoota isaanii akka ta'uuf yeroo dheeraaf erga biyyoota sana keessaa badee booda gara tajaajilaatti dhufe. Akkasumas, biyya Isiraa'el keessatti afaan Ibirootaa yookaan 'Ibraayisxii' baroota dheeraaf uummata biyyichaa biratti tajaajila erga dhaabee booda afaan hojii biyyittiifi afaan sadarkaa kamittuu tajaajila kennu ta'ee biyyittii keessatti gara hojiitti deebi'uu danda'eera.

Haala qabatamaa biyya Itiyoophiyaa amma yoo ilaalle, gartuun afaanii kamiyyuu mirga afaan dhalootaa isaan hojii bulchiinsaa isaa gaggeessuu, barachuu, daldaluu, hojii haqaaf falmachuufi walitti dhufeenya hawwaasummaa hundaa qabaachuu akka danda'uu heera biyyiittii keessatti mul'inaan tumamee jira.

2.5 'Moodeelota' Karoora Afaanii (Models Of Language Planning)

1. Moodeelii Kaanonikaalii (Canonical Model)

Akka namichi beekaan Magwafi (2006:119) namichi Chumbo (1987) jedhaman jedhanitti, modeelonni karoora afaanii biyyoota guddinarra jiranii, keessumaa biyyoota Afrikaa keessatti taasifamu isa kan biyyoota guddatanii, fakkeenyaaf: Awurooppaafi Ameerikaa, irraa addadha. Biyyoota guddinarra jiran keessatti modeeliin inni beekamaaniifi bal'inaan hojiirra oolaa jiru modeelii 'kaanonikal' jedhamudha. Modeeliin kun modeelota karoora afaanii warra kaan irraa adda kan isa taasisu, karoorota gosa biraa biyyittiin qabduufi guddina biyyittii akka bu'uuraatti giddu galeeffatee deeggarsa mootummaa biyyittii wajjin kan raawwatamu waan ta'eefi.

Amaloota modeelii kanoonikaal keessaa isaan muraasa yoo ilaalle:

a) Imaammata afaanii biyya tokkoo qopheessuuf hojiin inni jalqabaa dhugaa jiru beekuudha (fact finding) jedha. Haaluma kanaan, walittidhufeenya afaan biyyittiifi faca'iinsa aadaa biyyittii akkasumas siyaasni biyyattiin qabdu imaammata afaanii biyya sanaa qopheessuu keessatti akeekkannaadhaan ilaalamu.

b) Imaammatichi callisee labsiin qofa kan ifa taasifamu otuu hintaane qorannoofi xiinxala hedduu booda fayidaa kennuu danda'uufi amanamummaa qabuun ta'uu qaba. Fakkeenyoonni imaammata biyyoota heddu keessatti hordofamanii bu'aa fidaniiru jedhaman qoratamanii akka filannootti ni dhiyaatu.

c) Imaammata afaanii keesatti akeekkannaan gama biraan modeelii kanaan xiyyeeffatamu xiinxala baasiifi galii (cost benefit analysis) ti. Imaammanni kamiyyuu baasiifi galii isaa xiinxalee gara hojiitti akkuma galu imaammanni afaanii adeemsa kana hordofu qaba jedha.

d) Qaamni mootummaa biyyittiis imaammata afaanii qophaa'e sana gara hojiitti jijjiiruufi ariifachiisuutiin tumsa mataa isaa taasisuu qaba kan jedhu amaloota modeeliin kun qabu keessaa isaan muraasa.

Haata'u malee, biyyoota gudachaa jiran keessatti wanti raawwatamaa jiru akka modeeliin kaanonikaal jedhu kanatti otuu hintaane 'akka fedhee' akka ta'e hayyichi Magwa (2006:122) cimsee ibsa.

Dhimmoota akka rakkinaatti inni kaasuu keessaa:

a) Murtoon imaammata afaanii hedduun kan taasifaman faayidaa afaan hawwaasumaaf kennuu danda'u haala hinilaaleeni

b) Hojiin karoora afaanii bu'aa dhama'a hojii namoota dhuunfaafi dhaabbata dhuunfaa kan deegarsa mootumaa hinqabneeti

c) Hojiiwwan imaammataafi karoora afaanii hojiirra oolchuu qindoomina kan hinqabnedha.

d) Hojiin imaamaticha qopheessuufi karoorsuu hojii namoota ogummaa isaa hinqabnee ta'ee mula'ta.

e) Hojiin karooraafi waltineessuu afaanii otuu hinxumuramiin karaatti hafa.

f) Kaayyoon, adeemsiifi malli itti imaammatichi hojiirra oolu iftooma kan qabu miti.